Odeeffannoo waa'ee Hepatayites B dubartoota ulfaaf

Hepatayites Bn Maali?

- Hepatayites Bn dhukkuba tiruu kan vaayirasiidhan dhufu dha. Namoota baayyee Hepatayites B dhaan qabaman irratti vaayirasichi qaama isaanii keessa turee dhukkuba umrii guutuu isaan dhukkubsu itti fida.
- Hepatayites B yeroodha gara yerootti miidhama tiruu, hojii dhaabuu tiruu fi kaanserii tiruu dabalatee rakkoo fayyaa namatti fida.
- Namoonni heedduun kan Hepatayites B qaban mallattoon waan itti hinmullanneef akka dhukkubicha qaban hinbeekani. Garuu Hepatayites B namoota birootti dabarsuu dabarsuu danda'uu.

Dubartoonni ulfaa maaliif qorannoo gochuun irra Jira.

- Dubartiin ulfaa Hepatayites B irratti argame yommuu deessutti daa'imni ishee wallaanamuu qaba. Daa'imman yommuu dhalatan wallaansa argatan Hepatayites B tiin qabamuuf carraan isaan qaban xiqqaa dha.
- Daa'imman Hepatayites B dhan qabaman carraan isaan umrii guutuuf dhukkubsachuu isaanii guddadh.
- Dubartoonni yeroo ulfaa hundatti qorannoo Hepatayites B taasisuu qabuun.

Dubartoonni yeroo ulfaa Hepatayites B yoo irratti argame maal gochuu qabuun?

- Dhukkuba Hepatayites B keessan akkamitti wallaanamuu akka qabdan irratti tajaajiltoota fayyaa keessan wajjin maree taasisuu.
- Wallaansi akka dhukkubni Hepatayites B keessan gara daa'ima keessanitti carraa darbuu isaa hirrisu taasisu ni Jira.
- Akka Hepatayites B qabdan yoo hinbeektan ta'e dhiyeessaan tajaajila fayyaa keessan akka qorannoo dhiigaa isiniif ajajuuf gaafachuu qabdu.

Daa'imni keessan dhukkubichaan hinqabamne gochuuf maal gochuu qabdu?

- Yeroo ulfooftan hundatti qorannoo Hepatayites B taasisuu qabdu.
- Yoo qoratamtanii Hepatayites B isin irratti hinargamne, waayee talaallii isaa dhiyeessaa keessan gaafadha.
- Yoo qoratamtanii Hepatayites B isin irratti argame, daa'imni keessan wallaansa fi hordoffii fayyaa argachuu qaba:
  - Daa'imni keessan erga dhalateen booda doozii talaallii isa jalqabaa fi talaallii Hepatayites B ittisu (hepatitis B immune globulin, HBIG) talaalamu qaba.
  - Daa'imni keessan talaallii Hepatayites B hunda walduraa duubaan xumuruu qaba.
  - Erga daa'imni keessan talaallii xumureen booda, daa'imni keessan Hepatayites B irraa ittisamuu isaa mirkaneeffachuuf haakiimichi dhiiga fuudhee qorata.
- Hepatayites B yoo qabaattanis harma hoosisuun rakkoo hinqabu.

Public Health
Seattle & King County

Perinatal Hepatitis B Prevention Program
(206) 296 4774
www.kingcounty.gov/PHBPP

Adapted with permission from Minnesota Department of Health - Oromo 2018